Public Health
Seattle & King County

Qajeelfama Qondaala Fayyaa Naannoo Kiing Kaawuntii

Sagantaawwan guguddoo hawaasaa, bashannanni mana keessatti taasifamu,jimnaastikii, maneen nyaataa, fi maneen bunaa maamiloonni raga talaallii ykn qorannaa neegativii akka agarsiisan taasisuun ni barbaachisa.

Fulbaana 16, 2021



Public Health
Seattle & King County

Onkoloolessa 25 irraa calqabee:

Maamiloonni bakkeewwan armaan gadii seenuuf raga talaalii COVID-19 fudhachuu isaanii agarsiisu ykn qormaata neegativii agarsiisuun isaan barbaachisa:

- **Sagantaawwan alatti taasifaman** namoota 500 ykn isaa ol (Sagantaawwan spoortii fi bashannana ogeessotaa fi koolejjoota keessatti taasifamu dabalatee)

- **Sagantaawwan bashannanaa mana keessatti taasifaman ykn hunddeeffaman** (Spoortiiwwan ogeessotaa fi kollejjiiwwan keessatti taasifaman, bashannana, agarsiisa hogbarruu, tiyaatirii, sirba bakkeetti taasifamu, jymnaastikii fi yaa'iiwwan dabalatee)

- **Manneen Nyaataa fi Mana bunaa** (tajaajila nyaata mana keessaa dabalatee). Kun alatti nyaachuu, maamilotta nyaata fudhatanii deemanuu, fi bakkeewwan nyaataaf dursanii hin qophoofne kan akka kuusa girosarii hin ilaallatu.

Kun daa'imman umurii 12 gadii hin ilaallatu

Public Health
Seattle & King County

Muddee 6 calqabee:

Maamiltoonni bakkeewwan armaan gadii seenuudhaaf raga talaallii COVID-19 fudhachuu isaanii agarsiisu ykn qorqnnaa negativiii agarsiisuutu isaan barbaachisa:

- **Manneewwan nyaataa ykn mana bunaa** bakkeen teessumni isaanii nama 12 ykn isaa gadi ta'e

Public Health
Seattle & King County

Maaltu akka ragaa talaalliitti ilaalamaa?

- Kaardii talaallii CDC ykn suura kaardii talaallii
- Galmee raga fayyaa ykn talaallii kenne irraa dhiyaatu.
- Ragaa talaallii steeta ykn biyya biraa irraa dhiyaate.
- Aappii mobaayilaa kan eegumsa fayyaa kennan irraa dhiyaate (Kan kutaa fayyaa Steeta Waashingtaniin mirkanaa'ee)
- Ragaa maxxanfame ykn koodii QR (MyIRMobile.com irraa dhuma jia'a fulbaanaa irratti ni qophaa'a).

Ragaa talaallii wajjiin eenyummaa keessan kan ibsu agarsiisuu hin qabdan.

Public Health
Seattle & King County

MyIR Mobile maalii?

MyIR Mobile seensa intarneetaa irratti kan hundaa'ee fi namoonni raga talaallii seeraa kan Steetaa akka argachuu danda'an kan taasisuudha.

Bakkee armaan gaditti akaawuntii banuu ni dandeessu:

www.MyIRMobile.com

MyIR Mobile yeroo ammaan kana afaan Ingiliffaa qofa irratti kan murtaa'eedha. Gargaarsa afaaniif ykn raga keessan ilaalchisee gargaarsa dabalataatiif sarara gargaarsa talaallii Steeta Waashingtanii (833) 829-4357 bilbilaa ykn waissrecords@doh.wa.gov tiif imeelii taasisaa.

Public Health
Seattle & King County

Kan talaallii hin fudhannee yoo taatan ykn haala talaallii keessanii mirkaneessuu kan hin dandeenye yoo ta’e, sa’a 72 darban keessatti qorannoo PCR COVID fudhattanii ragaa neegatiivii ta’e ykn qama qorannaa kennu bakkee sagantichaatti argamu ykn otoo bakkee hin seeniin dura qorannaa taasisu irraa ragaa battalumatti neegativa ta’uu keessan mirkaneessu agarsiisuu qabdu.

Odeeffannoo dabalataatiif
kan armaan gadii ilaalaa:

kingcounty.gov/verify

Public Health
Seattle & King County